**BULCHIINSA MAGAALA FINFINNEE WAAJIRA BARNOOTAA KUTAA MAGAALA EKKAATI QORMAATA MOODELAA BARNOOTA AFAAN OROMOO KUTAA SADDEETTAFFAA MARSAA 3FFAA BARA 2013**

**WARAQAAN QORMAATAA KUN GAAFFILEE 60 KAN OFKEESSAA QABU YOO TA'U, YEROON QORUMSA KANA HOJJECHUUF KENNAME 01:30 QOFA.**

**Qajeelfama: Gaaffilee 1--5 jiraniif mammaaksarratti hundaa'uun, qubee mammaaksa sirriitti hiikan wal fakkaatu qabatee jiru filachuun deebisi**.

1 Eeboo qabatanii jinfuu hin qabatan.

A Namni ormaaf gubate cilee hin qabu.

B kan darbe hin darbatan.

C Huuqqataan kan abbaati.

D Gadadoo kolfatu fixa.

2 Biyya tuffatan harreedhan irra garmaamu.

A Huuqqataan kan abbaati.

B Yo of jaalatan fuula dhiqatan.

C Nama tuffatan saree jalatti rukutu.

D Mixiin walqabattee laga ceeti.

3 Wal fakkaattiin wal barbaaddi.

A Walii galan alaa galan.

B Yoo funyaan rukutan ijji boossi.

C Kan akka walii loon walitti oolfatti.

4 Arba malaan kuffisan duukaa shubbisan.

A Hojiin itti hin beekne dafqa duwwaadha.

B Ijji gamnaa dura boossi.

C Kan darbe hin darbatan.

D Gadadoo kolfatu fixa.

**Qajeelfama: Gaaffilee 5--8 jiran "jechama" afaan Oromoo irratti xiyyeeffachuun qubee hiika jechama jalamuramee jiruuf deebii sirrii qabate filachuun deebisi.**

5 Intala bareedduu sana **harmi jigeera**.

A Heerumte C Harma bareeddi

D Dulloomte D Manati hafte

6 Intalli haadha dureettii osoo hin heerumin **qarree gatte**.

A Nama kabajji C Rifeensa aaddatte

D Safuu cabsite D Dulloomte

7 Abbaan Gammachuu **harka qallata.**

A Iyyeessa C sooressa

B Huuqqataa D Harkisaa furdaadha

8 **Galgallikee hinbadin** jettee na’eebbbbifte.

A Bara dullumaa sitti haa tolu C Dukkana keessa sitti hinbadin

B Ganama rakkadhu D wal lolan

**Qajeelfama:Gaaffilee 9--12 jiran hiibboorratti hundaa'uun qubee deebii sirrii qabate filachuun deebisi**

9 Hiibboo ilaalchisee kan sirrii hin taane kami?

A Sammuu ijoollee qara.

B Nama lamaan taphatama.

C Galgala galgala taphatama

D Namoota gurguddaa qofatu waliin taphata.

10 Hiibboon ___ jalatti ramadama.

A Barreeffama C walaloo

B Asoosama D Afoola

11 Burqaan gaararraa bool'a lamaa baati bakka tokkatti yaati. Deebin hiibboo kanaa kami?

A Ija C Afaan

B Fuyyaan D Furrii

12 Daamaa sakaraa, Boora jarjaraa, Gurraacha bararaa walgeenyi galgala. Deebin hiibboo kanaa kami?

A Tukaana,Tafkii, Injiraan C Sangaa,Qotiyyoo, Mirgoo

B Farda Gaangee, Harree D Jabbii,Waatii, Raada

**Qajeelfama: Gaaffilee 13--17 jiran hiika "Faallaa"jechootaa irratti hundaa'uun qubee deebii sirrii qabate filachuun deebisi.**

13 Qaroomina. A Beekumsa C Doofummaa

B Qaruuxee D Abshaala

14 Waaree A guyyaa C ganama

B galgala D waarii

15 Dukkana A halkan C ifa

B subii D cillima

16 Ulfaatina A dheerina C guddina

B salphina D bareedina

17 Halaala A fagoo C hiixuu

B bira D bukkee

**Qajeelfama : Gaaffilee 18--22 jiran jechoota jala muramaniif hiika galumsaa irratti hundaa'uun qubee hiika sirrii qabate filachuun deebisi.**

18 **Burqaan** dandeettii dhala namaa kitaaba dubbisuudha.

A Maddi C Bishaan

B Laga D Haroo

19 Qaroominni hayyootaa hedduu **raajeffatama.**

A Hubatama C Malaalfatama

B jaallatamaa D jibbama

20 Uumama hundumaa keessaa kan dhala namaa **gitu** hin jiru.

A caalu C fakkaatu

B qixxaatu D Jaallatu

21 Tokkummaa dhabuun birmadummaa nama dhabsiisa.

A qaroomina C qabeenya

B bilisummaa D cunqusaa

22 Feenet firii(qaphxii) gaarii fiduuf baayyee qayyabatti.

A rafti C odeessiti

B barreessiti D qo'atti (dubbisti)

**Qajeelfama: Gaaffilee 23--25 jiran waliin dubbiirratti xiyyeeffatu. Yaadata waliindubbicha sirriitti xumuran filachuun deebisi.**

23 **Feenet**: Feenetin jedhama barattuu kutaa saddeettaffaati.

**Daawwitii**: Daawwitiin jedhama jiraattuu magaala Finfinneeti.

**Feenet:** _______________________________________________

A Finfinneen magaalamoo baadiyyaadha?

B Finfinneen magaala guddittiida.

C Waa'ee Finfinnee nattimuu dandeessaa?

D magaalonni Oromiyaa hedduudha.

**Daawwitii:** Finfinneen Magaala guddoo Oromiyaati.Garuu,Itiyoophiyaanis Finfinneedhuma imatti.

24 **Feenet**_______________________________________________

A Waa'ee maalitti beektaa?

B Tokkommoo magaala guddoo Afrikaatii?

C Ani Finfinnee dhaga'ee hin beeku.

D Kan biroo Finfinneen maalin beekamti?

**Daawwitii**: Finfinneen teesoo gamtaa Afrikaa ta'uunis nibeekamti. Akkasumas,magaalaa sabaaf sablammoota hedduu ofkeessatti haammattee jirtudha. Kanamalees, warshaaleen gara garaa keessatti argama.

25 **Feenet: ___________________________________________**

A waarshaalee maalitti gooti.

B Maa sobda.

C Fifinnee baruu barbaaddaa?

D Waa'ee finfinnee amma tokko waan nabrsiifteef guddaa galatoomi

**Qjeelfama: Gaaffilee 26-48 jiran haala gaafatamterratti hundaa'uun qubee deebii sirrii qabatee jiru filachuun deebisi.**

26 Himni salphaan tookko ergaa meeqa dabarsuu danda'a?

A tokko C sadi

B lama D afur

27 Qaama keeyyataa kan ta'e kami?

A hima ijoo C walqabannaa

B tokkummaa D qindoomina

28 Amala keeyyataa kan ta'e kami?

A hima ijoo C hima ajajaa

B qindoomina D himoota goolabaa

29 Feenet waan barattuu cimtuu taatef, kutaa gara kutaa salgaffaatti **darbite**. Himakana keessatti kan jala sararame --------dha.

A gaalee C xumura

B ciroo D maqaa

30 Vaayirasii koronaa ofirraa ittisuuf,namni kamiyyuu **sirriitti** ofeeggachuu qaba. Hima kana keessatti kan jala murame---------dha.

A ciroo ofdanda'aa C ibsa xumuraa

B hima salphaa D ciroo hirkataa

31 Jecha tishoo kan ta'e kami?

A nama C gorduuba

B duuba D gorro

32 Jecha" **malaammaltummaa"** jedhu keessasatti maxxantuun kami?

A malaammalt- C -ummaa

B malaa- D -maltumma

33 Jechi sagalee laafaa qabu kami?

A soddaa C laagaa

B Sabbata D gabbara

34 Jechi sagalee jabaa qabu kami?

A Lafa C Kofa

B Madda D Bofa

35 Jechi sagalee dheeraa qabu kami?

A Laga C Booka

B Tabba D Madda

36 Jechi irrabuta hinqabne kami?

A Tabba C Sardiida

B Marga D Farda

37 Maqdhaala/bamaqaa ramaddii tokkoffaa kan ta'e kami?

A Ana C Ishii

B si'i D isa

38 Himoonni caasaa isaan qabanirratti hundaa'uun, bakka meeqtti qoodamu?

A sadi C lama

B afur D shan

39 Himni xumura tokko qofa qabu kami

A hima dachaa C hima salphaa

B hima dachaa xaxamaa D hima xaxama

40 Daawwitiin barnoota baayyee jaallatti.Hima kana keessatti gochibsi kami?

A barnoota C baayyee

B Daawwitii D jaalatti

41 Afaan ilaalchisee kan sirii hintaane kami?

A Afaan ibsituu eenyummaa saba tokkooti.

B Afaan mallattoodha

C Afaan kan dubbatanii ittiin walii galanidha.

D Uumamni lubbuu qabu hunduu afaaniin dubbatee walii gala.

42 Amaloota afaanii ilaalchisee kan sirrii hin taane kami?

A nibaratama C niegifatama

B nidhalata D seera hinqabu

43 Jechi "gaarummaa" jedhu birsaga meeqa qaba?

A 9 C 4

B 3 D 5

44 waa'ee maqaa ibsa dabalataa kan kennu kami?

A bamaqaa/ maqdhaala C maqibsa

B gochima D durduubee

45 Bamaqaa ramaddii sadaffaa saala adda hin baafne kami?

A ana C isii

B isa D isaan

46 Jechi yeroo heddummatu maxxantuu **-een** fudhachuu danda'u kami?

A Jabbii C muka

B sa'a D Ogeessa

47 Jechi yeroo heddummatu maxxantuu '**-eeyyii**'fudhatu kami?

A Jara C birkii

B Farda D gameessa

48 Kanneen keessaa kan sirnaan qubeeffame kami?

A Daawwitiin baarraattu cimtudhaa.

B Daawwitiin barattuu cimtuudha.

C Daawitin baratu cimtuudha.

D Dawiitini barRatu chimtuudhaaaaa

**<u>Qajeelfama :Gaaffii 49--52 jiran ciigoo irratti xiyyeeffachuun qubee deebii sirrii qabate filachuun deebisi.</u>**

**Laga gama ceene yeroo dabarfachuu.**

**Gabaabaallee ta'u arganne gammachuu.**

49 Dubbii dachaa ciigoo kanaa ta'uu kan danda'u kami?

A arganne gammachuu C bashannanne

B gabaabaa D laga gama

50 Soorgoo/hiika irrakeessaa ciigoo kanaa ta'uu kan danda'u kami?

A bashannanne C gadda

B Gammachuu mucaa gabaabaa arganne D gabaabaa

51 Sookoo/hiika dhokataa ciigoo kanaa ta'uu kandanda'u kami?

A Nama gabaabaa Gammachuu jedhamu arganne. C Bashannanne

B Gaddin D Laga gama

52 Sa'aaf Obbaatii yoo jenne Namaaf maal jenna?

A Dil’uu C Qoofira

B Obbaatii D Ulfa

**<u>Qajeelfama: Gaaffilee 52--60 jiran barreeffama dhiyaaterratti hundaa'uun qubee deebii sirrii qabate filachuun deebisi.</u>**

Uummanni Oromoo Afoola akka galaanaa danbal’u qaba. Afoola uummata tokkoo kallattinis ta’e kallattiin ala keessa jireenya uummatcichaa qu’achuu danda’a. Manni barumsaa ammayyaa kun osoo hindhufiin hawaasni daa’imman isaa waa’ee safuu, seenaa, seeraa, duudhaa, aadaafi afaansaa afoolasaatti gargaaramee daa’immansaa barsifachaa ture. Haaluma kanaan faayidaa afoolli seenaa saba tokkoo keessatti qabu keessaa, burqaa beekumsaa, gama guddina ogbarruu, waa ibsuu, waa cimsuuf dabarsuutiin ilaaluu dandenya.

Afoolli madda beekumsaa ta’ee tajaajiluu danda’a. Beekumsi uummanni Oromoo karaa miti idilaawaa ta’een dhalootasaan ga’aa tureef barsiisachaa jiru muuxannoo afoolsaarraa achi as kan dhufeedha. Haaluma kanaan jiruuf jireenya saba tokkoo kan ittiin calaqqisu aadaan, afoola uummatichaa yaabbatee labata tokkoo kan biraatti lufa. Kanaaf burqaa beekumsa kanta’e Afoola aadaa uummatichaa hundee godhateetu dhaloota haaraa waa’ee safuu, duudhaa, jiruuf jireenya kan Orom-durii Orom-ammaatti hima jechuudha.

Afoolli akka uummanni tokko waa baratuuf nifayyada. Utuu barnoonni ammayyaa kun hindhufiin dura akka madda barnootaaf beekumsaatti kan tajaajilaa ture afoolasaati. Uummanni Oromoo, aadaa, seenaa, seera ittiin bulmaataafi kanneen biroo kan inni dhaloota haaraa barsiisaa ture afoola isaatti gargaaramuuni. Afoolli aadaafi duudhaa kuusaa muuxannoo hawwaasaa kan jaarraa hedduu barsiisa. Haaluma kanaan afoolli faayidaa barsiisuufi barnoota ammayyaa keessattillee shoora guddaa taphachaa jira. Fakkeenyaaf, hibboo yoo ilaalle dandeettii yaaduu, dandeettii herregaa daa’immaanii guddisuu keessatti ga’ee ol aanaa qaba. Afoolli, daa’imman naannoo isaanii akka baraniif akka ofis beekaniif, tokkummaa akka qabaataniif, waliif akkayaadaniif nageenyi gidduu isaanii akka ta’uuf hedduu gargaara. Dabalataanis muuxannoo hawaasa darbanii warra amma jiraniif qooda.

Afoolli waan nuuf hin ifne tokko nuuf ibsuuf shoora guddaa qaba. Dhalli namaa jireenya isaa keessatti waantoota isaaf hingalle maraaf deebii argachuu barbaada; carraaqas. Waa’ee uumamaa, waa’ee naannoo isaa gaaffi hedduu ni kaasa. Daa’immanis waa’ee dhuftee waantota uumama keessaa baruuf gaaffii garaagaraa nikaasuu, kanaaf, jaarsoliin, abbootiin Afoolaitti gargaaramuun deebii kennu. Fakkeenyaaf, Gaangeen maaliif hin dhaltu, Waaqni yookaan samiin maaliif nurraa olfagaatee? gaaffii jedhuuf oduu duriitti gargaaramuun deebii itti kennaa turan.

Afoolli waa cimsuuf dabarsuutiin gahee guddaa qaba. Faayidaa guddaa afoolli qabu keessaaa aadaan, seenaan saba tokkoo cimee dhaloota tokko irraa gara biraatti akka darbuuf humna kennuusaati.  Keessumaa hawwaasi tokko wanti gaariin, amalli gaariin cimee akka itti fufuuf Afoolaitti gargaaramuun dhaloota biraatiif dabarsa. Fakkeenyaaf, sabni Oromoo, seenaa Abdiisaa Aagaafi Taaddasaa Birruu gootummmaa isaanii Afoolasaatti gargaaramuun dhaloota haaraaf dabarsaa jira. Kun egaa gootummaan cimee dhalootaaf akka darbu taasiisaa jira.  Ilmi Oromoo tokko yeroo gorsus ta'ee araaraaf gadi taa'u, waan dubbatu sana kan isaaf jabeessan kan akka mammaaksaafi durduriifaatti gargaarama. Qaroomni har'a aadaa keenya miidhaa jiru kunillee akka inni safuu ganamaa sana nundagachiifneef waa'ee qarreef qeerrummaa ogafanitti gargaaramuun akka of eeggatan taasifama.

53  Mataduree dubbisa kanaa ta'uu kan danda'u kami?

A  Asoosama  C  Gadaa

B  walaloo  D  Afoola

54  Hima ijoo keeyyata sadaffaa kan ta'e kami?

A  Faayidaa afoolaa  D  Gosoota afoolaa

B  maalummaa afoolaa  D  Amaloota afoolaa

55  Akka dubbisa kanaatti Osoo barnoonni ammayyaa kun hin dhufin akka madda beekumsaatti tajaajilaa kan ture kami?

A  Barreeffama  C  Miidiyaalee

B  Afoola  D  Diraamaa

56  Barreeffamni kun keeyyata meeqa qaba?

A  lama  C  Afur

B  sadi  D  shan

57 Akka dubbisa kanaatti Uummanni Oromoo aadaa, seenaafi seera ittiin bulmaata isaa maalitti fayyadamuun barsiifataa ture?

A  Barreeffamaan  C  keeyyataan

B  Afoolaan  D  Hiibbodhaan

58 Aka barreeffama kanaatti faayidaa afoolaa kan hin taane kami?

A Dhaloota barsiisuu

B Seenaafi ittiin bulmaata hawaasichaa dhalootaa dhalootatti dabarsuu.

C Jiruuf jireenya hawaasichaa calaqqisiisuu.

D Qaroomina haasichaa duubatti harkisa.

59 Barreeffama kana keessatti Uummanni Oromoo afoola akka galaanaa danbali'u qabaachuusaa kan ibsu keeyyata meeqaffaadha?

A 1ffaa C 3ffaa

B 2ffaa D 4ffaa

60 Keeyyanni tokkoffaan buufata/ sarara meeqa qaba?

A Lama C Ja'a

B Sadeet D Torba

Qopheessaan B/saa Diroo Taammiruu

Firii Gaarii !